


# ADA/504 Beeksisa Hawaasaa Loogii Hin Qabne

***Beeksisa Loogii Hin Qabne kan qaama miidhamummaatiin Seera Qaama Miidhamtoota Ameerikaa Bara 1990 fi Kutaa 504 Rehabilitation Act (Seera Deebisanii Dhaabuu) Bara 1973 bu'uura godhate***

Mata dureen II Seera Qaama Miidhamtoota Ameerikaa fi Seera Haaromsaa Kutaa 504 DCYF sagantaa, tajaajila, ykn sochii isaa keessatti namoota dhuunfaa qaama miidhamtummaadhaan ulaagaa guutan irratti loogii akka hin goone gaafata.

## Qunnamtii (haasawa) Bu'aa qabeessa ta'e

Gaaffii yoo dhihaate, DCYF qaama miidhamtoota gahumsa qabaniif sagantaa, tajaajila, fi sochii DCYF irratti walqixa hirmaachuu akka danda'aniif qunnamtii bu'a qabeessa ta'e mirkaneessuuf gargaarsaa fi tajaajila barbaachisaa ta'e ni kenna. Deeggartootnii fi tajaajiloonni akkasii turjumaana afaanii kan mallattoo gahumsa qaban, dookimentiiwwan Bireeliin barreeffaman, akkasumas karaalee biroo odeeffannoo fi qunnamtii namoota dandeettii dubbii, dhageettii ykn qaroo dhabuu qabaniif akka dhaqqabamu gochuu danda'an of keessatti dabalachuu mala.

## Fooyyessiiwwan Imaammatootaa fi hojimaatotaa

Qaama miidhamtoonni sagantaalee, tajaajiloota, fi sochiiwwan DCYF hunda irratti hirmaachuuf carraa walqixa akka argatan mirkaneessuuf, DCYF imaammataa fi sagantaalee irratti fooyya'iinsa madaalawaa ni taasisa.

Fakkeenyaaf, namootni beeyiladoota tajaajilaa qaban waajjiroota Naannoo keessatti hirmaachuudhaaf fudhatama ni qabaatu, bakkee beeyiladootni itti dhorkamanitti illee.

## Qunnamtii (haasawa) yookin Haaromsii Imaammataa bu'aa qabeessa ta'e mirkaneessuudhaaf Deeggarsa yookin Tajaajila gaafachuu

Namni kamiyyuu sagantaa, tajaajila, ykn sochii DCYF irratti hirmaachuuf qunnamtii bu'a qabeessa ta'eef ykn fooyya'iinsa imaammata ykn hojimaata gargaarsa ykn tajaajila barbaadu hojjettoota armaan gadii keessaa tokko dafee, yoo danda'ame sa'aatii 48 dursee sagantaa beellamame beeksisuu qaba:

1. Hojjetaa DCYF, yookin
2. Qindeessaa DCYF ADA
   **dcyf.adaaccessibility@dcyf.wa.gov**
   Bilbila: (360) 480-7230, kanneen Relay (riileeyii) fayyadamtan 7-1-1 irratti bilbilaa

ADAn DCYF akka tarkaanfii kamiyyuu kan maalummaa sagantaalee ykn tajaajila isaa bu'uuraan jijjiiru ykn ba'aa maallaqaa ykn bulchiinsaa hin malle fe'u hin gaafatu.

Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

## Komiiwwan

Sagantaan, tajaajilli, ykn sochiin DCYF qaama miidhamtootaaf dhaqqabamaa akka hin taane komiin dhiyaatu taatee ati sababa qaama miidhamummaatiin ilaalcha haqa qabeessa hin taane argamsiise jettanii himattanii waggaa tokko keessatti DCYF bira ga'uu qaba, akkasumas gara:

Sagantaa Dhaqqabummaa DCYF ADA
Department of Children, Youth, and Families
(Kutaan Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii)
1500 Jefferson St., SE
Olympia, WA 98501
**dcyf.adaaccessibility@dcyf.wa.gov**
Bilbila: (360) 480-7230
Washington Relay (Rileeyii Waashington):
711 yookiin 1-800-833-6384

Mootummaan Washington baasii gargaarsa dabalataa ykn tajaajila kennuu ykn fooyya'iinsa imaammataa madaalawaa ta'e haguuguudhaaf, nama dhuunfaa qaama miidhamummaa murtaa'e ykn garee qaama miidhamtoota kamiyyuu irratti kaffaltii dabalataa hin kaa'u.

DCYF imaammata komii keessoo ADA kan qabu yoo ta'u, imaammanni kun, sarbama kutaa 504, ykn Komishinii Mirga Namoomaa Kutaa Washington'f namni dhuunfaa qaama miidhamummaa qabu tokko akkaataa US Department of Justice's Civil Rights Division (Kutaa Mirga Siivilii Ministeera Haqaa Ameerikaa) waliin sarbama ADA Mata duree II, U. S. Department of Health and Human Services (Ministeera Fayyaa fi Tajaajila Namoomaa Ameerikaatiin) loogii qaama miidhamummaa akka hin dhiyeeffanne karaa kamiinuu hin dhorku.

### US Department of Justice (Muummee Haqaa US, DOJ), Diviizhinii Mirgoota Siivilii

**https://civilrights.justice.gov**

Department of Justice (Muummee Haqaa) qunnamaa Sarbama Mirgoota Siivilii karaa onlaayinii gabaasuudhaaf: **https://civilrights.justice.gov/report**

Komiiwwan ADA karaa meeyilii galchuudhaaf, Guca Komii ADA buufadhaa (download) godhaa: **www.ada.gov/t2cmpfrm.html**

Guca (unka) komii ittiin dhiyeessitan gara armaan gadiitti ergaa:

US DOJ – Civil Rights Division (Divizhinii Mirgoota Siivilii)
950 Pennsylvania Ave, NW
4CON, 9th Floor
Washington, DC 20530

### US Department of Health & Human Service (Muummee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa US), Office of Civil Rights (Waajira Mirgoota Siivilii )

Qajeelfamoota Guca Mirgoota Siivilii ittiin guuttan: **www.hhs.gov/civil-rights/filing-a-complaint/complaint-process/index.html**

Onlaayinii karaa Poortaalii Komii HHS - OCR: **https://ocrportal.hhs.gov/ocr/smartscreen/main.jsf**

Himata Seera Haaromsa Keewwata 504 poostaadhaan dhiyeessuuf, unka Loogii Mirga Siivilii irraa buufadha (download godhaa): **www.hhs.gov/sites/default/files/ocr-60-day-frn-cr-crf-complaint-forms-508r-11302022.pdf**

Guca guutame gara kana gadiitti ergaa:

Centralized Case Management Operations (Hojiiwwan Bulchiinsa Dhimmaa Giddugaleessaa)
U.S. HHS – 200 Independence Ave., S.W.
Room 509F HHH Bldg.
Washington DC 20201

### Washington State Human Rights Commission (Komishinii Mirga Namoomaa Kutaa Washington, WSHRC)

**www.hum.wa.gov**

Himata Loogii Qaama Miidhamtootaa Mana Jireenya Uummataa wajjin walqabatee poostaadhaan dhiyeessuuf, unka Iyyannoo Bakka Jireenya Uummataa buufadhaa: **www.hum.wa.gov/file-complaint**

Unka guutame kana gara armaan gadiitti ergaa:

WSHRC – Olympia Headquarters
711 S. Capitol Way, Suite 402
PO Box 42490
Olympia, WA 98504

*DCYF sanyii, bifa, koorniyaa, amantii, hundee amantii, haala gaa'elaa, madda biyyaa, haala lammummaa ykn godaansa, umrii, fedhii saalaa ykn eenyummaa koorniyaa, waraana duraanii ykn sadarkaa waraana keessatti qabaniin, sadarkaa akka haadha harma hoosituutti, fi hir'ina qaamaa, miiraa, ykn sammuu kamiyyuu jiraachuu ykn itti fayyadama qajeelfama saree ykn bineensa tajaajilaa. Maxxansa kana bifa ykn afaan biraatiin kooppii bilisaa yoo barbaaddan, maaloo Hariiroo Bulchiinsa Mootummaa DCYF 1-800-723-4831 ykn iimeelii* ***communications@dcyf.wa.gov*** *qunnamaa.*

DCYF PUBLICATION ADM_0026 OM (07-2024) Oromo